ADDA BILISUMMAA OROMOO

OROMO LIBERATION FRONT

جبهة تحرير اورومو

Amajjii 23,2017

Yakka shororkeessummaa Agaazii fi Liyu Poolisii Harargee, Baalee, Boorana fi Gujii keessati geggeessaa jiran Oromiyaan marti dura dhabbatuuf ka'u qaba

Akkumaa beekkamuu, yeroo ammaa kana bahaa fi kibbaa Oromiyaa hoongeedhaan baayyee kan hubaman yeroo ta'u, kun ammoo mootummaan uummata nyaata fi bishaan dhorkachu, naannicha irraa dhabamuu dhaabbilee gargaarsaa irraa kan ka'e dha. Carraa kanatti dhimma bahuudhaan humni nama-nyaata Wayaanee fi Liyu Poolisii daangaa Oromiyyaa fi Ogaadenti boobaasee fixiinsaa ummataa geegeesa jira.

Torban afur darbe keessatti namootni Oromoo 200 ol ta'an Liyu Poolisii kanaan ajjeefamaniru. Humni addaa kunis hidhannoo-malleyyii kan ta'an lammi Oromoo, dubartoota fi ijoollee daguuggaa sanyii irraatti raawwatuuf itti boba'aa jira. Gara-jabeyyiin humna Agaazii fi Liyu Poolisii kun gandoota gubuudhaan uummata kumaatamatti laka'aman dachee abbootii isaanii irraa buqqisanii qabeenyaa samuudhaan naannoo Oromiyaa akka Qumbii, Ciinaksan, Gursum, Maayyuu Mulluqqee, Midhagaa Lolaa, Odaa Diimaa, Har'a Funaanni keessatti uummata dararaa jiru.

Bara 2008 eegalee akkuma yaadatamuu, humni Liyu Poolisii baha Oromiyyatti boba'uudhaan gandota naannoo Oromiyaa Baha weeraarani nama fixa jiru. Kunis ammoo ajaja Wayaannee jalatti kan hojjetuu bitamtuu gartu poolisii adda naanno Somaalee ti.

Liyu Polissiin kun duguginsa sanyii uummata irraatti raawaachuun isa galmee seenaa akka Genocide Watch fi dhabilee mirga nama irraatti galmeefamee jira. Labsii attatama Wayaaneen labsite sababeefachuun duguuggaa sanyii uummata Oromoo irraan rawachudhaan mormii uummatni Oromoon itti jiru dhamsuuf yaala jiru.

Liyu Polissiin kun Ogaadeenumatu uummata harkaa duwwaa gandoota bayyee keessaatti Wayaaneen gegefamee lubbu babyyee galafateera. Uummata Oromoo irratti yakki kana hin jedhamnee irraan ga'aa akka jiru uumata Ogaadeen quba qabaachisuun barbachisaa dha. Wayaaneen uummata bara dheeraaf waliin jiraatan fi qabeenyaa uumamaan kan waliin qoddatan walitti bubusudhaan ergaa isaan wal fixaani booda mootummaan naannoo sana akka dhunfatuu barbaada.

www.oromoliberationfront.net info@oromoliberationfront.net

Wayaaneen yeroo du'uuf qarqara boolla jirtu kana, osoo hin du'in haga dandeesse fi waan dandeesse ballesitee badu barbaadii. Kanaafu, ABOn uummatni Ogaaden uummataa Oromoo dhuma jiru kana cinaa dhabatanii Agaazii fi Liyu Polissiin itti bobaa'ee kan ofii irraa akka qolatan waamicha godha. ABOn uummata Ogaadenin obboleeyyan keessaan Oromoo wajjin jara kana fuuldura dhabadha jedha. Halii ballinaan baha Oromiyaa fi kibba Oromiyaa keessaatti ta'a jiru karoora uummata Oromoo ballessani lakobsa uummata kana gad busu ti. Dugugaan sanyii godhama jiru kun ammoo lafa Oromoo saba xixiqqaa ta'aniif kenu dha.

ABOn waadaa seene itti cimsuudhan, hifaatuu malee tokkummaa mooraa qabsoo Oromoo tokko gochuuf, qabeenyaa jjrutii dhimma bahe mootummaa duguggaa saanyiif bobabobe kun akka ijifatamuu irratti hojjeta.

Waamicha ABO
- Dhaamsi saba keenyaaf qabnu: Seenaa keessatti yeroo dukkana kana hundumti keenyaa waliin dhaabanne dhumaati sanyii irraa of oolchuuf Oromiyaa maratti akka sirna Gadaa keenyaatti ijraaramuudhaan sirna nama-nyaata ta'e Wayaanee dura haa dhaabbatu;

- Oromoota biyyaa ambaa jiraniif: Dinagdee, beekumsa fi waan barbachisaa ta'e hundaan qabsoo Oromoo utubaa. Darbee ammoo sagalee uummata kana ta'udhaan bakka jiratantti uummata keessan cina dhabadha;

- Dhaabbilee siyaasa Oromoo maraaf: Garaagarummaa gidduu keenyaa jiran dhiphisuudhaan tokkummaadhaan Wayaanee dhabamsiifnee uummata keenyaa haa baraarru;

- Oromoota waraana Wayaanee keessaa jjirtaniif: Waraana keessa warii jirtanis ykn Poolisii kan taatan hundu uummata keessan cinaa dhabadha afaan qawwee gara diinaattii galagalchaa; fi,

- Hawaasaa addunyaaf: Hawaasni biyya lafa, kesuma ammo mootumman USA fi UK duguugaa sanyii uummata Oromoo irratti geggeeffama jiru kana balalefachuuf karaa kamin iyyuu humna Wayaanee ykn Liyu Poolisii horiin gargaaruu akka dhaaban waamicha goona.

Oromyaan ni bilisomti!

Adda Bilisummaa Oromoo